# Dhaamsi Koo Isin Gahee?

***Barataa Dachaasaa Deebisaa irraa***

Abbas haadhas qaba kanan irraa dhufe

Garuu,osoon argee hin quufin abbaankoo na lufe

Osoon arguuf hawwuu abbaakoo arguu dhabus

Haatikoo na hin ganne yoon dhabee hagabus

Nan beeka abbaakoo dirqiin akka baase

Onneef gootummaansaa akka narraa fageesse

Yoon ijoollee ta'es gaafas,ijaanan geggeesse

Innis gurrakootti jedhee waa natti odeesse

Akkan harmee hin ganne dhaamsa natti dhaamee

Du'us gumaa kiyya baasi naan jedhee adeeme

Harmeenkoos gara laafettiinkoo dandeessuun rakkinaa

Injifadhuu gali yoo lubbuun jiraatteef turrus wal arginaa

Jettee.........
Waan yeroodhaaf tursu galaas galaafteefii

Ijibbaata dhumaa imimmaan buufteefii

Hammanni dahatutti ijaan gaggeesite

Dhumarra deebitee mudhii of jabeessite

Harmeenis Na guddifachuuf mudhiishee hidhatte

Dadhabdee ana guddifatte horma yoom kadhatte

Rooba arfaasaa Roobuu Qaqawwee qawwisu

Ganna mucucasaa kan nama kuffisu

Nama fayyaa macheesse isa bitintirsu

Cimaa namaas laafaa kan hunda gidirsu

Booree itti fudhattee roobas ta'ee mucuca hundumaa obsitee
Hundumaa dandeesse keessa nu hulluqsiftte

Bona akka abiddaa kan uumama gubu

Garaan waaqaas laftis kan nama dadhabu

Ejjettu akka giimii kan barruu kee gubu

Sammuurraas aduun kan gadi si gubu

Dandeessee dhiphattee hunda keessa tarttee

Gadiis ta'u ol deemtee fedhiikoo naaf guuttee

Barnootaaf na kaaftte

Anis nan guddadheef akkuma kaayyooshee

Qabxiis galmeesseera akkuma hawwishee

Garuu,........
Miidhaamaaf saamichi aayyoo gaafa daangaa darbbu

Dinni ija jabeessi safuu kan hin beekne gaafa nutti darbbu

Obsus obsa fixeen maaf saamtaa?dubbadhe

Kunumaaf,rasaasan dhaanameen bosonat gatame

Biyya abbaakoottan awwalchallee dhabee Waraabuun nyaatame

Kan na arge hin jiru kan ragaa naaf ba'u

kan aaree dubbatee yoon iyyes naaf na'u

Bakka hin beekamnet lubbunkoo dabartte

Ani du'us ekeraankoo Harmeef Hiriyaakoof kunoo dhamsa qabdi

Dhageesse dhaamsakoo?dhaamsa obbolumma

Dhaamasa murtii fedhu ishee Oromummaa

Bakki an taa'ee sii waliin baradhe

Bakki ani siwaliin adeemee barrulees qoradhe

Yoo sit yaadatame waanti nuti teenyee waadaa walii seenne

Gabrummaatti duulla waadaadha waliin jennee

Dhamsakoo dhaga'i akka na hin daganne

Dhaamsikoo isin ga'ee dhaamsi hiriyummaa

Kan waliin argine jereenya gabrummaa

Ka'iti Gumaa kiyya baasi gamtaan itti duuli

Akkumani du'etti diinotakoo qali

Barnoota yoo bilisa taate kan ati barattu

An hiriyaan keessan du'ee nagaan maal barattu

Qeerroo jajjabeekoo kan biyyaaf of laattu

Yoo karaakee malee gumaankiyya hin baatu

Dhageesse dhaamsakoo dhaamsa obolummaa

Gumaakoo naaf baasi! adaraa Oromummaa

Bitootessa 6,2016
Injifannoon Dhiigaan nii dhufa